Waldaan Niiwu Kaanaadiyaansii (Association for New Canadians) kan bu'aadhaaf hindhaabbanne ta'ee, dhaabbata hawaasa bu'uureffatefi godaantootafi baqattoota tajaajila qubachisuufi walsimsiisuu dhiheessuf dhaabbatee dha. Waggoota soddoma ta'aniif, waldaan kun warra haaraa dhufaniif madaqsuufi gargaarsa qubachiisuu akkasumas sagantaalee tajaajiloota heedduu biroo dhiheessa. Waldichi galmee seenaa mirkanaa'e qabaachuun, baqattota hawaasa kanaadaa waliin madaqsuu irratti hojii gargaarsaa hojjateen sadarkaa biyyooleessaatti beekkamtii argatee jira. Waldichi waggaatti Baqattoota Mootummadhaan Gargaaraman (GARs) 155 ta'an akkasumas tilmaamaan qoqqoodinawwan akaakuu goodaansa birootiin Kaanaadaa gahan 400 tti siqaniif tajaajila kenna.

Miseensoota garee muxannoo fi beekkumsa adda addaa qabniin , waldichi marsaawwan adeemsa madaqsuu hundaaf tajaajiila sadarkaalee heeddu qaban dhiheessa. Isaan kunneenis:

**Gargaarsa Qubachiisuu**: Sagantaan kun fedhii gargaarsa jalqabaa Baqattoota Mootummaan Gargaaraman (GARs) guutuuf kan qophaahe dha. Baqattoonni gara naannichaa yemmuu gahan, hawaasa haaraa isaanii waliin akka walbaran gargaarsa barbaachisaa ta'e argatu. Akka qaama sagantaa kanaatti, waa'ee jireenya,hawaasa fi aadaa warra Kaanaadaa ilaalchisee adeemsa ibsa bal'aa kennamu keessatti hirmaatu.

**Tajaajiila Qubachiisuu, Ibsuufi Walsimsiisuu:** Sagantaan kun baqattoota adeemsa walitti fiduufi walsimsiisuu keessatti gargaaruuf sagantaaleefi tajaajilawwan bal'ina qaban dhiheessa. Tajaajiloonni kunneen bal'ina gargaarsa kanaa, wayitii odeeffannoo fi ibsa kennuu irraa kaasee, hanga warkishooppii gorsaa, ittifufiinsa tajaajila hawaasummaa fi tajaajiloota qacarriitti akka ta'u kan taasiisaniidha.

**Sagantaa Manneen Barnootaa Keessatti Hojjattoota Qubannaa.** Sagantaan kun godaantoota daa'imman, dargaggootafi maatilee isaanii cehumsa gara aadaa, hawaasafi naannoo mana barnootaa haaraa isaanii waliin taasiisan nideeggara. Akkasumas goorsitoonni SWIS naannoo garaagarummaa kana simatu uumuudhaaf barsiisootafi hoggantoota mana barumsaa waliin nihojjata.

**Sagantaa Walittidhufeenyawwan Hojjattoota Fedhii:** Bara 1985 irraa eegalee, Waldaan Neewu Kaanaadiyaansii godaantoonni namoota fedhiidhaan hojjataniifi aadaa warra Kaanaadaa irratti beekkumsa akka argatan, dandeettii afaanii isaanii akka shaakalan, akkasumas fedhii waliinjiraachuu isaanii guutuu iarratti isaan gargaaran waliin akka firooman gochuun jireenya Kaanaadaa keessaa waliin akka walbaran isaan gargaara.

**Tajaajiila Leenjiifi Gargaarsa Afaanii:** Waldichi bara 1989 A.L.A. irraa eegalee Afaan Ingliizii akka leenjii Afaan lammaffaatti kennaa kanture yemmuu ta'u, yeroo ammaa barnoota bu'uuraa hanga barnoota Afaan Kaanaadaa sadarkaa 5 jirutti ni kenna. Akkasumas waldichi **Sagantaa Intarneetii** isaatiin namoota mana barnootaa hinhordofneef qajeelfamoota nidhiheessa; **Sagantaa Iddoo Fagootiin** goodaantoota naannoo magaala St. John niin ala jiraniif titooriyaalii mala nama tokko nama tokkoof ta'een nikenna; bulchinsa naannichaa waliin ta'uun **barnoota galgalaa** shan torbeetti galgala tokko nikenna. Dabalataaniis, Waldaan Neew Kaanaadiyaansiin (ANC) naannicha keessatti **Giddugala Madaallii** Ka'umsa Afaan Kanaadaa (CLB) kan hojjachaa jiruu dha.

**Muxannoo Argachuu; Dandeettii Walitti fiduu (AXIS):** Sagantaan kun sagantaafi tajaajiila qacarrii hojii irratti xiyyeeffate akkasumsa leenjii walqunnamtii iddoo hojii irratti fayyadu dhiheessa. Sadarkaalee motummaa, industiriifi hawaasaa hunda irratti hojjattootaafi gargaartoota deeggaroo waliin keessatti hirmaachuun, AXIS n namoota haaraa gara Kaanaadaa dhufaniif gabaa humna namaa mijeessuu irratti kan kaayyeeffateedha. Tajaajiloonni kunneen kan kan ofjalatti hammatan dandeettii qacarriin duraa, leenjii guddinaa, walqabatiinsa hojiilee, bu'uuroota hojii garga sagantaa hojiileetti cessisan, gorsa qacarrii elektrooniiksii fi gargaarsa jalqaba daldalaati.

**Barnoota Ummataa/ Ijaarsa Dandeettii**: waldichi faayidaa simannaa hawaasummaa goodantoota ofitti harkisuufi qabachuu deeggaruu keessatti hubannoofi beekkumsa qaxxamura aadaa guddisuuf barnoota ummataafi mijeessa hojiilee hedduu adda addaa hojjachuu irratti xiyyeeffannaa kenna. Akkasumas dhaabbanni kun hawaasa hirmaachisuufi baqattoota akka makamanfi walbaran gochuudhaan akka gargaaran hojiilee ijaarsa dandeetti adda addaa irratti nihojjata.Hojjattoonni, hojjattoonni fedhiifi warri haaraa dhufan goodaantoota waliin walqabatee dhimmoota ciccimmoo deebisuufi imaammata baasuuf gareewwan hojjattoota naannoofi biyyooleessaa, Boordiiwwanifi Koreewwan waliin ciminaan hirmaachuu qabu.

**Tajaajila Deggarsaa:** Waldichi Warra haaraa dhufan isaan ilaallatuuf, tajaajiila geejibaa gara kutaa Afaanii geessee deebisu, sarara gargaarsa odeeffannoo bilisaa fi giddugala kunuunsa daa'immanii lama argachuu dabalatee tajaajilawwan deeggarsaa heedduu dhiheessa.

Waldaan Niiwu Kaanaadiyaansii (ANCs) hojiin madaqsuu bu'aa qabeessi adeemsa walitti fufiinsa qabu dha amntaa jedhuun kanqajeelfamu yemmuu ta'u kunis dalaga rawwilee gurguddoofi dabalataa dandeettiiwwan cimsuu, hubannoo hawaasaa guddisuu, gufuuwwan hirmaannaa hawaasummaa daangeessan hiri'isuu irratti kaayyeeffatan cimsuu dabalata. Sagantaaleefi tajaajilawwan hundi amanamummaafi haala aadaa waliin deemuun, haala duudhawwan gurguddoo eegnu: hammachuu, kabaja namoota biroof kennuu, kabaja, amanamummaa, cimsuu, bilisummaa fi walqixxummaa jedhaniif haala bitamuu danda'aniin kennamu.

Nuti ibsa gadifageenyaa dabalataa sagantaaleefi tajaajilawwan keenyaa argachuu akka dandeessan weebsaayitii kana akka sakkattatan isiin affeerra. WeebsaayitiiN keenya faayidaa qabeessafi odeeffaannoo guutuu kandhiheessu akka isiiniif ta'u kanabdannu yemmuu ta'u, sagantaaleefi tajaajilawwan godaantootaafi baqattoota Niiwfaawundilaandii fi Laabaraadoor keessa jirataniif kennamu ilaalchisee gaaffi kamiyyuu qabdan nisimanna.